| | |
|---|---|
| **Qajeelcha Poolisii Mineapolis**<br>**Maanuwaalii Imaammataafi Adeemsaa** | Lakkoofsa:<br>9-100 |

**Jildii Sagal – Imaammata Raawwii**

**Hidhaa Gaheessotaa**

## 9-107 To'annoo lammiileen raawwatamu

(05/29/02)

(A-B)

Lammiileen yakka xixiqqaa warra raawwatan to'annoo seeraa jala oolchuu kan danda'an bakka yakkichi raawwateetti namni himatu yoo argamedha.

Lammiileen nama to'annoo jala oolchan guca Sitiziin Arreest Foorm (MP-3406) guutuu qabu. Iddoowwan daldalaatti eegdotni nageenyaa yeroo hedduu to'annoo godhan guca Sitiziin Arreest Foorm fayyadamuu mannaa Offeens Riippoortii CAPRS fayyadamuu danda'a.

Qondaaltotni Poolisii haalli ture nama himatame gara mana hidhaa geessuun ni mala moo hin malu kan jedhu ni murteessu. Qondaaltotni to'annichi seera qabeessa miti jedhanii yoo yaadan, nama himate waajira abbaa alangaa magaalaatti erga.

Namni himatame gara mana hidhaa geeffamuu qaba yoo ta'e, qondaaltotni Poolisii eenyummaa nama himatee adda baasuu qabu, guca Siitizii Arreest Foorm guutuudhaafis gargaarsa ni kennu. Abbaan Alangaa magaalichaa himannaan seera qabeessi ni barbaachisa yoo ta'e nama himatuuf gorsa ni kennu.

Hubachiisa: To'annoo jala oolchuu lammiilee -balleessaa Tiraafikaaf kutaa maanuwaalii ilaalaa.